Waggaa 26 ffaa..... Lak. ....6/2010
፳፮ኛ ዓመት........ ቁጥር.....፮/፪ሺ፲
26th year ........... No. .......6 /2017

Finfinnee,................ Amajjii 25 bara 2009
ፊንፊኔ፣.....................ጥር ፳፭ ቀን ፪ሺ፱
Finfine,......................... February 3 , 2017

# MAGALATA OROMIYAA
# L µ E p ‰ Z M ¦
# MEGELETA OROMIA

| | | |
|---|---|---|
| Gatiin Tokkoo ............... Qarshii 6<br>የአ¿«é ”¶ ....................... ብር ፮<br>Unit Price ........................... Birr 6 | To'annoo Caffee Mootummaa Naannoo Oromiyaatiin Kan Bahe<br>I‰ZM¦ ብሔራዊ ŒGF”¦ L¿·Rr<br>በጨፌ ኦሮሚያ °mf}r £'» | Lak. S. Poostaa ......... 21383-1000<br>£Þ.Q.e¼Y ...............21383-1000<br>P.O.Box ....................... 21383-1000 |

| QABIYYEE | ማውጫ | CONTENT |
|---|---|---|
| Dambii Lak. 190/2009<br>Dambii Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Dambii Lak. 190/2009..................Fuula 1 | ደንብ ቁጥር ፩፻፺/፪ሺ፱<br>የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፩፻፺/፪ሺ፱............ገጽ ፩ | Regulation No. 190/2017<br>ARegulation to Establish Oromia State University Regulation No. 190/2017...........................Page 1 |

## Dambii Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Dambii Lak. 190/2009

Guddina hawaas-diinagdee amma irra geenyeen fedhiin ummataa tajaajila qulqulluu, si'ataa fi haqa qabeessa ta'e argachuuf qabu yeroo irraa gara yerootti dabalaa waan dhufeef;

Humna namaa dandeettii, gahumsa, qulqullinaa fi ilaalcha tajaajiltummaa qabu akkasumas fedhii ummataaf deebii quubsaa kennuu danda'u horachuun barbaachisaa waan ta'eef;

Dhaabbata barnootaa ol'aanaa naannoo dandeettii raawwachiisummaa yeroon barbaadu kennuu danda'u hundeessuudhaan fedhii fi faayidaa ummataa eegsisuun barbaachiisaa ta'ee waan argameef;

## የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፩፻፺/፪ሺ፱

አሁን በደረስንበት በማህበራዊ እና ኢኮኖሚያዊ እድገት ህዝቡ ጥራት ያለው፣ ቀልጣፋና ፍትሃዊ አገልግሎት ለማግኘት ያለው ፍላጎት ከጊዜ ወደ ጊዜ እየጨመረ በመምጣቱ፤

ክህሎት፣ ብቃት፣ ጥራትና የአገልጋይነት አመለካከት ያለውን እንዲሁም ለህዝቡ ፍላጎት በቂ መልስ መስጠት የሚችል የሰው ሀይል ማፍራት አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

ጊዜው የሚፈልገውን የማስፈጸም ክህሎት መስጠት የሚችል የክልል ከፍተኛ ትምህርት ተቋም በማቋቋም የህዝቡን ፍላጎትና ጥቅም ማስጠበቅ አስፈላጊ ሆኖ በመገኘቱ፤

## A Regulation to Establish Oromia State University Regulation No. 190/2017

WHEREAS, with current socio-economic development we reach, the public demand to get fair, quality and efficient service delivery has been increasing from time to time;

WHEREAS, it is found necessary to have an effective, competent and conversant public servants who are capable of responding to the demand of the public at large;

WHEREAS, it is found necessary establishing regional capacity building institution of higher learning at a University level that can produce competent and well informed man power in the region and beyond;

Akkaataa Labsii Federaalaa Lakk. 650/2001 keewwata 5(2) fi Labsii Lakk.199/2008 keewwata 74 (1) tiin Dambiin kanatti aanu bahee jira.

## Kutaa Tokko
## Tumaalee Waliigalaa

**1. Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin kun "Dambii Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa Hundeessuuf Bahe Lak. 190/2009" jedhamee waamamuu ni danda'a.

**2. Hiika**

Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisu yoo ta'e malee, Dambii kana keessatti:

1) **"Mootummaa"** jechuun Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
2) **"Mana Marii Bulchiinsaa"** jechuun Mana Marii Bulchiinsaa Mootummaa Naannoo Oromiyaati.
3) **"Labsii"** jechuun Labsii Barnoota Ol'aanaa Lakk. 650/2001 jechuu dha.
4) **"Hojjataa Akkaadaamikii"** jechuun miseensa Yunivarsiitichaa ta'ee, kan hojii barsiisuu, leenjisuu, gorsuu yookiin hojii qorannoo fi qo'annoo irratti bobba'e jechuudha.
5) **"Hojjataa Teekniikaa"** jechuun hojjataa akkaadaamikii yookiin hojjataa deeggarsaa kan hin taane hojii barsiisuu, leenjisuu, gorsuu fi qorannoo fi qo'annoof ogummaa isaaniitiin deeggarsa kan kennan jechuudha.
6) **"Hojjataa Deeggarsaa"** jechuun hojjataa akkaadaamikii yookiin hojjataa teeknikaa kan hin taane jechuudha.
7) **"Yunivarsiitii"** jechuun Dambii kanaan kan hundeeffame Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaati.
8) **"Boordii"** jechuun Boordii Yunvarsiitichaa akkaataa Dambii kana keewwata 13 tiin hundeeffamedha.

በፌዴራል አዋጅ ቁጥር ፮፻፶/፪ሺ፩ አንቀፅ ፭(፪) እና በአዋጅ ቁጥር ፩፻፺፱/፪ሺ፰ አንቀፅ ፸፬(፩) መሠረት ከዚህ የሚከተለው ደንብ ወጥቷል።

## ክፍል አንድ
## ጠቅላላ ድንጋጌዎች

**፩. አጭር ርዕስ**

ይህ ደንብ "የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲን ለማቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፩፻፺/፪ሺ፱" ተብሎ ሊጠቀስ ይችላል።

**፪. ትርጓሜ**

የቃሉ አገባብ ሌላ ትርጉም የሚያሰጠው ካልሆነ በስተቀር በዚህ ደንብ ውስጥ፡-

፩) ***"መንግሥት"*** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ማለት ነው።
፪) **"የአስተዳደር ምክር ቤት"** ማለት የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት አስተዳደር ምክር ቤት ማለት ነው።
፫) **"አዋጅ"** ማለት የከፍተኛ ትምህርት አዋጅ ቁጥር ፮፻፶/፪ሺ፩ ማለት ነው።
፬) **"የአካዳሚክ ሠራተኛ"** ማለት የዩኒቬርሲቲው አባል ሆኖ የሚያስተምር፤ የሚያሰለጥን፤ የሚያማክር ወይም በምርምር እና ጥናት ስራ ላይ የተሰማራ ማለት ነው።
፭) **"የቴክኒክ ሠራተኛ"** ማለት የአካዳሚክ ወይም የድጋፍ ሰራተኛ ያልሆኑ ለማስተማር፤ ለማሰልጠን፤ ለማማከርና ለምርምር እና ጥናት ስራ በሙያቸው ድጋፍ የሚሰጡ ማለት ነው።
፮) **"ድጋፍ ሰጪ ሠራተኛ"** ማለት የአካዳሚክ ወይም የቴክኒክ ሰራተኛ ያልሆነ ነው።
፯) **"ዩኒቨርሲቲ"** ማለት በዚህ በደንብ የተቋቋመ የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ ነው።
፰) **"ቦርድ"** ማለት በዚህ ደንብ አንቀፅ ፲፫ መሠረት የተቋቋመ የዩኒቨርሲቲው ቦርድ ነው።

NOWTHEREFORE, in accordance with Federal Proclamation No. 650/2009 Article 5 (2) and 199/2016 Article 74(1) the following regulation is hereby issued.

## Part One
## General Provisions

**1. Short Title**

This regulation may be cited as "Regulation to Establish Oromia State University Regulation No. 190/2017".

**2. Definitions**

Unless the context requires otherwise, in this regulation:-

1) **"Government"** means Oromia Regional State Government;
2) **"Administrative Council"** means Administrative Council of Oromia Regional State Government;
3) **"Proclamation"** means Higher Education Proclamation No. 650/2009;
4) **"Academic Staff"** means any employee of the University engaged in teaching, training, consultancy or research activities;
5) **"Technical Staff"** means any non-academic and non-administrative staff of the University, who shall provide technical support to the teaching, training, consultancy, and research activities;
6) **"Supportive Administrative Staff"** means any non-academemic and non-technical staff of the University;
7) **"University"** means Oromia State University established in accordance with this Regulation;
8) **"Board"** means Board of the University established in accordance with Article 13 of this regulation;

9) **"Seneetii"** jechuun Seneetii Yunivarsiitichaa akkaataa Dambii kana keewwata 17 tiin hundeeffamedha.

10) **"Pirezidaantii"** jechuun akkaataa Dambii kana keewwata 23 tiin kan muudamu Pirezidaantii Yunivarsiitichaati.

**3. Ibsa Koornayaa**

Dambii kana keessatti jechi koornayaa dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

## Kutaa Lama

## Hundeeffama, Kaayyoo, Aangoo fi Hojii Yunivarsiitichaa

**4. Hundeeffamaa fi Itti Waamama Yunivarsiitichaa**

1) Yunivarsiitiin Naannoo Oromiyaa kanaan booda "Yunivarsiitii" jedhamee kan waamamu dhaabbata barnootaa ol'aanaa qaama seerummaa qabu ta'ee Dambii kanaan hundeeffameera.

2) Itti waamamni Yunivarsiitichaa Biiroo Paabliik Sarviisii fi Misooma Qabeenya Namaa Naannichaatiif ta'a.

**5. Manneen Barnootaa fi Inistiitiyuutiiwwan Yunivarsiitichaa**

1) Yunivarsiitichi of jalatti manneen barnootaa fi inistiitiyuutiiwwan armaan gadii ni qabaata:

(a) Mana Barnootaa Gaggeessummaa fi Bulchiinsaa;
(b) Mana Barnootaa Paabliik Faayinaansii fi Bulchiinsa Taaksii;
(c) Mana Barnootaa Teknooloojii Odeeffannoo;
(d) Mana Barnootaa Daldalaa fi Ikonomiksii;
(e) Mana Barnootaa Seeraa;
(f) Mana Barnootaa "Postgraduate Studies";
(g) Inistiitiyuutii Barnoota Fagoo fi Itti fufiinsaa;
(h) Inistiitiyuutii Kaayizanii; fi
(i) Manneen barnootaa fi inistiitiyuutiiwwan biroo akkaataa barbaachisummaa isaaniitti murtii Boordiitiin gara fuulduraatti hundeeffamuu ni danda'u.

፱) **"ሴኔት"** ማለት በዚህ ደንብ አንቀፅ ፲፯ መሠረት የተቋቋመ የዩኒቨርሲቲው ሴኔት ነው፡፡

፲) **"ፕሬዝዳንት"** ማለት በዚህ ደንብ አንቀፅ ፳፫ መሠረት የሚሾም የዩኒቨርሲቲው ፕሬዚዳንት ነው፡፡

**፫. የፆታ አገላለጽ**

በዚህ ደንብ ውስጥ በወንድ ፆታ የተገለፀ ሴትንም ያጠቃልላል፡፡

## ክፍል ሁለት

## የዩኒቨርሲቲው መቋቋም፤ አላማ፤ ሥልጣንና ተግባር

**፬. የዩኒቨርሲቲው መቋቋምና ተጠሪነት**

፩) የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ ከዚህ በኋላ "ዩኒቨርሲቲ" ተብሎ የሚጠራ የሕግ ሰውነት ያለው ከፍተኛ የትምህርት ተቋም ሆኖ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፡፡

፪) የዩኒቨርሲቲው ተጠሪነት ለክልሉ ፐብሊክ ሰርቪስና የሰው ሀብት ልማት ቢሮ ይሆናል፡፡

**፭. የዩኒቨርሲቲው ትምህርት ቤቶችና ኢንስቲትዩቶች**

፩) ዩኒቨርሲቲው በስሩ የሚከተሉትን ትምህርት ቤቶችና ኢንስቲትዩቶች ይኖሩታል፤-

(ሀ) የአመራርና አስተዳደር ትምህርት ቤት፤
(ለ) ፐብሊክ ፋይናንስና ታክስ አስተዳደር ትምህርት ቤት፤
(ሐ) የኢንፎርሜሽን ቴክኖሎጂ ትምህርት ቤት፤
(መ) የቢዝነስና ኢኮኖሚክስ ትምህርት ቤት፤
(ሠ) የሕግ ትምህርት ቤት፤
(ረ) የድህረ ምረቃ ትምህርት ቤት፤
(ሰ) የርቀትና ተከታታይ ትምህርት ኢንስቲትዩት፤
(ሸ) የካይዘን ኢንስቲትዩት፤ እና
(ቀ) ሌሎች ትምህርት ቤቶችና ኢንስቲትዩቶች እንደ አስፈላጊነታቸው በቦርድ ውሳኔ ወደ ፊት ሊቋቋሙ ይችላሉ፡፡

9) **"Senate"** means Senate of the University established in accordance with Article 17 of this regulation;

10) **"President"** means President of the University to be appointed in accordance with Article 23 of this regulation.

**3. Gender Reference**

In this regulation, any description in masculine gender shall include feminine gender.

## Part Two

## Establishment, Objective, Power and Duties of the University

**4. Establishment and Accountability of the University**

1) Oromia State University hereinafter referred as "University" as an autonomous Higher Education Institution having its own legal personality by this regulation.

2) The University is accountable to the Public Service and Human Resource Development Bureau.

**5. Schools and Institutes of the University**

1) The University shall have the following schools and institutes:

(a) School of Leadership and Governance;
(b) School of Public Finance and Tax Administration;
(c) School of Information Technology;
(d) School of Business and Economics;
(e) School of Law;
(f) School of Postgraduate Studies;
(g) Institute of Distance and Continuing education;
(h) Institute of Kaizen; and
(i) Other Schools and Institutes may be established by the Board decision as it deems necessary.

2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eeggametti ta'ee, akkaataa barbaachisummaa isaatti Yunivarsiitichi murtii Boordiitiin gurmaa'ina isaa irra deebi'ee qorachuun fooyyessuu ni danda'a.

**6. Teessoo Yuunivarsiitichaa**

Teessoon Yunivarsiitichaa Magaalaa Baatuu ta'ee, magaalaa Finfinneetti kaampaasii ni qabaata; akkaataa barbaachisummaa isaatti kaampaasii biroo banachuu ni danda'a.

**7. Kaayyoo**

**Yunivarsiitichi kaayyoowwan armaan gadii ni qabaata:**

1) Hanqina ilaalchaa, beekumsaa fi dandeettii humnoota misoomaa cimsuudhaan sadarkaa guddinaa amma barbaadamuu fi gara fuulduraatiif qopheessuu;
2) Barnoota bu'aa qorannoo rifoormii irraa madde kennuun sadarkaa beekumsaa fi hubannoo siivil sarvaantii fooyyessuu, akkasumas humnoota misoomaa birootiif carraa barnoota ol'aanaa uumuu;
3) Rifoormiiwwan akka naannoo fi biyyoolessaatti qophaa'an manneen hojii mootummaa fi miti-mootummaa sadarkaa adda addaatti argaman keessatti itti fufiinsaan hojiirra akka oolan taasisuuf qorannoo fi qo'annoo gaggeessuun, leenjii fi gorsa kennuun deeggaruu fi yaada haaraa burqisiisuu;
4) Tajaajila leenjii, gorsaa, qorannoo fi qo'annoo fedhii irratti hundaa'e qaamolee mootummaa, miti-mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaatiif kennuu;
5) Tajaajila hawaasummaa qorannoo fi qo'annoo irratti hundaa'ee fi rakkoo ummataa hiikuu danda'u kennuu;

፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፣ እንደ አስፈላጊነቱ ዩኒቨርሲቲው በቦርድ ውሳኔ አደረጃጀቱን መልሶ በመመርመር ሊያሻሽል ይችላል፡፡

**፮. የዩኒቨርሲቲው አድራሻ**

የዩኒቨርሲቲው አድራሻ ባቱ ከተማ ሆኖ፣ በፊንፊኔ ከተማ ካምፓስ ይኖረዋል፡፡ እንደ አስፈላጊነቱ ሌሎች ካምፓስ መክፈት ይችላል፡፡

**፯. አላማ**

ዩኒቨርሲቲው የሚከተሉት አላማዎች ይኖሩታል፡-

፩) የአመለካከት ችግር፣ ዕውቀትና የልማት ሀይሎች ክህሎትን በማጠናከር አሁን ለሚፈለገው እድገት ደረጃ እና ለወደፊቱ ማዘጋጀት፤
፪) ከሪፎርም ምርመር ውጤት የመነጨውን ትምህርት በመስጠት የእውቀት እና የሲቪል ሴርቫንት ግንዛቤ ደረጃን ማሻሻል፤ እንዲሁም ለሌሎች የልማት ሃይሎች የከፍተኛ ትምህርት እድል መፍጠር፤
፫) እንደ ሀገርና እንደ ክልል የተዘጋጁትን ሪፎርም በተለያዩ ደረጃ የምገኙ መንግሥትና መንግሥታዊ ባለሆኑ መሥሪያ ቤቶች ውስጥ በተከታታይነት ሥራ ላይ እንዲውሉ ለማድረግ ምርምርና ጥናት በማካሄድ ስልጠና እና ምክር በመስጠት መደገፍ እና አዲስ ሀሳብ ማፍለቅ፤
፬) ለመንግሥት፣ መንግሥታዊ ላልሆኑ አካላትና ለግል ድርጅቶች በፍላጎት ላይ የተመሠረተ የሥልጠና አገልግሎት፣ ማማከር፣ ጥናትና ምርምር መስጠት፤
፭) ጥናትና ምርምር ላይ የተመሠረተና የህዝቡን ችግር ሊፈታ የሚችል የማህበረሰብ አገልግሎት መስጠት፤

2) Without Prejudice to this Article Sub Article 1, the Board can revise the structure of the University based on thorough assessment.

**6. Address of the University**

The Principal Address of the University shall be Batu town; and shall have campus at Finfine city; and the University may open up additional campuses as it deems necessary.

**7. Objectives**

The University shall have the following objectives:

1) To build the capacity of various development actors for the current and future development demand by alleviating problems related to attitude, knowledge gap, and capacity;
2) To enhance knowledge and awareness of the civil servants by providing research based and reform oriented education, and creating Higher education access and opportunities for any development actors;
3) To contribute towards effective implementation of regional and national reform Agendas in various Governmental and non-governmental institutions in a sustainable manner and generate innovative and transformational ideas;
4) To provide need-based training, consultancy services and conduct research for Government, non- government organizations and the private sectors;
5) To provide research based community services that can address social and economic problems;

6) Waltajjii marii yaadota ijaarsa biyyaa fi misoomaa mijeessuun walmariisisuun yaadota furmaataa dhiyeessuu.

**8. Aangoo fi Hojii Yunivarsiitichaa**

Yunivarsiitichi aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

1) Gidduu gala barnootaa, leenjii, qorannoo fi gorsaa ni hundeessa;
2) Sagantaa fi kaarikulamii barnootaa qopheessuun barnoota sadarkaa digirii jalqabaa, lammaffaa fi isaa ol jiran qulqullinnaan ni kenna;
3) Sagantaa fi kaarikulamii leenjii qopheessuudhaan leenjii yeroo gabaabaa, giddugaleessaa fi dheeraa ni kenna;
4) Tajaajila gorsaa fi hawaasummaa ni kenna;
5) Rifoormii naannicha keessati adeemsifamaa jiru leenjiin, barnootaan, qorannoo fi qo'annoon, akkasumas tajaajila gorsaatiin ni deeggara;
6) Waraqaa ragaa, dippiloomaa fi digirii, akkasumas namoota gahee fi bu'aa ol'aanaa gumaachaniif badhaasa digirii kabajaa fi beekamtii ni kenna;
7) Fedhii dhimmamtootaa irratti hundaa'uun hojjattoota haaraa qaxaramaniif qormaata gahumsa ogummaa ni kenna;
8) Manneen hojii mootummaa fi dhaabbilee naannicha keessa jiran qulqullina kenniinsa tajaajilaatiin bu'aa ol'aanaa galmeessisiisan madaaluun beekamtii ni kenna;
9) Qorannoo fi qo'annoo rakkoolee hawaas-diinagdee hiikuu dandaʼan ni hojjata; bu'aa qorannoo ni maxxansa yookiin ni maxxansiisa;
10) Marooga, hujaarsa fi kora adda addaa ni qopheessa;
11) Yunivarsiiticha keessatti qunnamtiin odeeffannoo akka jiraatu ni taasisa;

፮) የምክክር መድረኮችን በማመቻቸት የልማትና የሀገር ግንባታ ሐሳቦችን በማወያየት የመፍትሄ ሃሳቦችን ማቅረብ፡፡

**፰. የዩኒቨርሲቲው ሥልጣንና ተግባር**

ዩኒቨርሲቲው የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡-

፩) የትምህርት፤ የምርምር፤ የሥልጠናና ማማከር ማዕከል ያቋቁማል፤
፪) ፕሮግራሞችንና ሥርዓተ-ትምህርቶችን በማዘጋጀት ለቅድመ ምረቃ፤ ድህረ ምረቃና ከዚያ በላይ ያሉትን በጥራት ይሰጣል፤
፫) ፕሮግራሞችንና የሥልጠና ሥርዓተ-ትምህርቶችን በማዘጋጀት የአጭር፤ መካከለኛና ረጅም ጊዜ ሥልጠና ይሰጣል፤
፬) የማማከርና ማህበራዊ አገልግሎቶችን ይሰጣል፤
፭) በክልሉ ውስጥ እየተተገበረ ያለውን ሪፎርም በሥልጠና፤ በትምህርት፤ በጥናትና ምርምር፤ እንድሁም በማማከር አገልግሎት ያግዛል፤
፮) የምስክር ወረቀት፤ዲፕሎማ እና ዲግሪ፤ እንዲሁም ከፍተኛ ድርሻና የላቀ አስተዋጽኦ ላበረከቱ ሰዎች የክብር ዲግሪ ሽልማትና ዕውቅና ይሰጣል፤
፯) በባለ-ጉዳዮች ፍላጎት ላይ በመመስረት አዲስ ለሚቀጠሩ ሰራተኞች የሙያ ብቃት ፈተና ይሰጣል፤
፰) በክልሉ ውስጥ የሚገኙ የመንግሥት መስሪያ ቤቶችና ተቋማት በአገልግሎት አሰጣጥ ጥራት ከፍተኛ ውጤት ያስመዘገቡትን በመመዘን እውቅና ይሰጣል፤
፱) የህብረተሰቡን ማህበራዊና ኢኮኖሚያዊ ችግሮችን ሊፈቱ የሚችሉ ምርምሮችንና ጥናቶችን ይሰራል፤ የምርምር ውጤትን ያትማል ወይም ያሳትማል፤
፲) ሴሚናሮች፤ አውደ-ጥናቶችንና ሲምፖዚየሞችን ያዘጋጃል፤
፲፩) በዩኒቨርሲቲው ውስጥ የመረጃ ግንኙነት እንዲኖር ያደርጋል፤

6) To organize public forums and constructive dialogues, and thereby forward recommendations.

**8. Power and Duties of the University**

The University shall have the following power and duties:

1) Shall establish education, research, training and consultancy centers;
2) Shall prepare education curriculum and program and provide education for undergraduate; post graduate and above programs in quality;
3) Shall prepare and implement curriculum and programs for short, medium and long-term training;
4) Shall provide consultancy and community services;
5) Shall assist reform implementation in the region and beyond through education, research, trainings, and consultancy services;
6) Shall confer academic certificates, diplomas and degrees as well as prizes and titles for excellence and meritorious achievements;
7) Shall provide professional competence exams for job recruitment services based on stakeholders' need;
8) Shall evaluate and recognize high performing institutions for excellence in service delivery, customer satisfaction, and reform implementation;
9) Shall conduct research and studies that may solve socio-economic problems; publish the result thereof or cause to be published;
10) Shall prepare various seminars, workshops, and symposia;
11) Shall ensure effective information exchange in the University;

12) Dhaabbilee biyya keessaa fi alaa kaayyoo walfakkaataa qaban wajjin hariiroo ni uuma;
13) Fandii galii maddisiisan hundeessuu ni danda'a;
14) Tajaajila kennuuf kaffaltii barbaachiisaa ta'e seera faayinaansii eegee murteessee kaffalchiisuu ni danda'a;
15) Ulaagaaleen simannaa barattootaa Ministeerri Barnootaa baasu akkuma eegametti ta'ee, ulaagaa simannaa siviil sarvaantii qopheessuun hojiirra ni oolcha; gahumsa barattoota simannaaf dhiyaatan madaalee ni fudhata;
16) Qabeenya ni horata; waliigaltee ni seena; maqaa isaatiin ni himata; ni himatama;
17) Hojiiwwan biroo kaayyoo isaa deeggaran ni raawwata.

**9. Bilisummaa fi Gaafatamummaa**

Qajeelfamni Boordiidhaan tumamanii fi tumaaleen seera biroo akkuma eegamanitti ta'ee, Yunivarsiitichi bilisummaa bulchiinsaa fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1) Yunivarsiitichi dhimmoota armaan gadii irratti bilisummaa ni qaba:
   (a) Qajeeltoowwan dhaabbilee barnootaa ol'aanaa fi siviil sarviisii irratti hundaa'uun, Yunivarsiitichi qabeenya humna namaa bulchuu, qaxaruu, guddisuu, dhoorkuu fi dhimmoota biroos raawwachuu;
   (b) Seera Fayinaansii Naannichaa/biyyaa irratti hundaa'uun baajata qooduu, bulchuu fi sirnaan itti fayyadamuu;
   (c) Haala sadarkaa biyyaalessaa fi addunyaa eegeen sirna barnootaa bocuu, gamaaggamuu fi fooyyessuu;
   (d) Tarsiimoo qorannoo fi qo'annoo iftoominaa fi ittigaafatamummaa irratti hundaa'e qopheessuu fi hojiirra oolchuu;

፲፪) ተመሳሳይ ዓላማ ካላቸው የሀገር ውስጥና ሀገር ውጭ ተቋማት ጋር ግንኙነት ይመሰርታል፤
፲፫) ገቢ ማመንጫ ፈንድ ማቋቋም ይችላል፤
፲፬) አገልግሎት ለመስጠት የፋይናንስ ሕግን ጠብቆ አስፈላጊ የሆነውን የአገልግሎት ክፍያ ወስኖ ማስከፈል ይችላል፤
፲፭) ትምህርት ሚኒስቴር የሚወጣው የተማሪዎች ቅበላ መስፈርቶች እንደተጠበቀ ሆኖ፣ የሲቪል ሰርቫንት ቅበላ መስፈርትን በማዘጋጀት ሥራ ላይ ያውላል፤ ለቅበላ የቀረቡ የተማሪዎችን ብቃት መዝኖ ይወስዳል፤
፲፮) ሀብት ያፈራል፤ ውል ይዋዋላል፤ በስሙ ይከሳል፤ ይከሰሳል፤
፲፯) ዓላማውን የሚደግፉ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

**፱. ነፃነትና ተጠያቂነት**

በቦርድ የተደነገጉት መመሪያዎችና የሌሎች ሕግ ድንጋጌዎች እንደተጠበቁ ሆኖ፤ ዩኒቨርሲቲው የሚከተሉት የአስተዳደር ነፃነትና ተጠያቂነት ይኖረዋል፡-

፩) ዩኒቨርሲቲው የሚከተሉት ጉዳዮች ላይ ነፃነት ይኖረዋል፡-
   (ሀ) የከፍተኛ ትምህርት ተkማትና የሲቪል ሰርቪስ መርሆዎችን መሠረት በማድረግ የዩኒቨርሲቲው የሰው ኃይል ሀብትን ማስተዳደር፤ መቅጥር፤ ዕድገት፤ እገዳና ሌሎች ጉዳዮችን መፈጸም፤
   (ለ) የክልሉ ወይም የሀገሪቱን የፋይናንስ ሕግ ላይ በመመስረት በጀት ማከፋፈል፤ ማስተዳደርና በአግባቡ መጠቀም፤
   (ሐ) የሀገሪቱንና የዓለም አቀፍ ደረጃዎችን በጠበቀ መልኩ ሥርዓተ ትምህርት መቅረፅ፤ መገምገምና ማሻሻል፤
   (መ) በግልፅነትና ተጠያቂነት ላይ የተመሠረተ የጥናትና ምርምር ስትራቴጂን መንደፍና ሥራ ላይ ማዋል፤

12) Shall establish partnership with local and foreign institutions which have similar objectives;
13) May establish fund raising;
14) Without prejudice the financial legislations can determine and collect fees for the services rendered;
15) Notwithstanding the admission criteria set by the Ministry of Education, shall prepare special admission procedures for civil servants, and admit the applicants based on their competence;
16) Shall own property; make agreement, sue and be sued;
17) Shall carry out other activities which achieve its objectives.

**9. Autonomy and Accountability**

Without prejudice to the regulations of the Board and other pertinent laws, the University shall have the following autonomy and accountability.

1) The University shall have autonomy on the following issues:-
   (a) Administer human resource; recruit, hire, promote, terminate and carry out other Similar issues pursuant to higher education institutions and civil service legislations;
   (b) Allocate, administer and utilize budget properly based on the financial rules and regulations;
   (c) Design, evaluate, and improve education curricula pursuant to national and international standards;
   (d) Develop and implement transparent and accountable research strategy;

(e) Qajeeltoowwan dhaabbilee barnootaa ol'aanaa fi siviil sarvisii irratti hundaa'uun gurmaa'ina keessaa Yunivarsiitichaa murteessuu;

(f) Yunivarsiitiiwwaan biyya keessaa fi alaa adda addaa wajjin hariiroo uumuun adeemsa baruu fi barsisuu, qorannoo fi qo'annoo fi tajaajila hawaasaa guddisuu fi babal'isuu;

(g) Dhaabbilee galii argamsiisan hundeessuu fi galii argameen fayyadamuu;

(h) Dhugaa baasuuf, beekumsa dagaagsuuf baruu-barsiisuuf, akkasumas bu'aalee qorannoo fi qo'annoo isaa tamsaasuuf bilisummaa ni qabaata.

2) Yunivarsiitichi dhimmoota armaan gadiitiif itti gaafatamummaa ni qaba:

(a) Sagantaaleen leenjii, barnootaa, gorsaa, qorannoo fi qo'annoo imaammatootaa fi tarsiimoowwan naannichaa fi biyyaalessaa irraa kan maddan ta'uu mirkaneessuu;

(b) Sagantaalee mootummaatiif dursa kennuu fi haala qabatamaa naannichaa fi biyyaalessaa wajjin walsimsiisuu;

(c) Haalli hojimaata waliigalaa iftoominaa fi hirmaachisummaa irratti kan hundaa'e taasisuu;

(d) Haalli qooddii fi fayyadama baajataa fi qabeenyaa baasii kan qusatuu fi itti gaafatamummaa ummataaf qabu kan mirkaneessu ta'uu;

(e) Hojiiwwan leenjii, barnootaa, gorsaa, qorannoo fi qo'annoo akka dhaabbataatti iftoominaan raawwachuu;

(f) Yunivarsiitichii fi hawaasni dhaabbatichaa kan madaalaman sirrummaa fi qulqullina bu'aa galmeessisaniin ta'uu;

(ሠ) የከፍተኛ ትምህርት ተቋማትና የሲቪል ሰርቪስ መሪሆዎች ላይ በመመስረት የዩኒቨርሲቲውን ውስጣዊ አደረጃጀት መወሰን፤

(ረ) የተለያዩ የሀገር ውስጥና ውጭ ሀገር ዩኒቨርሲቲዎች ጋር ግንኙነት በመፍጠር፤ የመማር ማስተማር ሂደት፤ የጥናትና ምርምር እና የህብረተሰብን አገልግሎት ማሳደግና ማስፋፋት፤

(ሰ) ገቢን የሚያስገኙ ተቋማትን ማቋቋምና በተገኘው ገቢ መጠቀም፤

(ሸ) ዩኒቨርሲቲው እውነትን ለመሻት፤ ዕውቀትን ለማበልፀግ፤ ለመማር-ማስተማር እንዲሁም የጥናትና ምርምሩን ውጤት ለማሰራጨት ነፃነት ይኖረዋል፡፡

፪) ዩኒቨርሲቲው ለሚከተሉት ጉዳዮች ተጠያቂነት ይኖረዋል፡-

(ሀ) የሥልጠና፤ ትምህርት፤ ማማከር እና ጥናትና ምርምር ፕሮግራሞች ከክልሉና ሀገሪቱ ፖሊሲዎችና ስትራቴጂዎች የመነጩ መሆናቸውን ማረጋገጥ፤

(ለ) ለመንግሥት ፕሮግራሞች ቅድሚያ መስጠትና ከክልሉና ሀገሪቱ ተጨባጭ ሁኔታዎች ጋር ማቀናጀት፤

(ሐ) አጠቃላይ የአሰራሩ ሁኔታ በግልፅነትና አሳታፊነት ላይ የተመሰረተ ማድረግ፤

(መ) የበጀትና ሀብት ክፍፍልና አጠቃቀም ወጪ ቆጣቢና ለህዝብ ተጠያቂነት ያለው የሚያረጋግጥ መሆኑን፤

(ሠ) የሥልጠና፤ ትምህርት፤ ማማከር እና ጥናትና ምርምር ሥራዎች እንደ ተቋም በግልፅነት ማከናወን፤

(ረ) ዩኒቨርስቲውና የተቋሙ ማህበረሰብ የሚመዘኑት ባስመዘገቡት ውጤት ትክክለኝነትና ጥራት መሆኑን፤

(e) Determine the University's internal structure based on the higher education institutions proclamation and civil service legislations;

(f) Establish relationships with local and international Universities so as to develop and expand teaching-learning, researches, and community services;

(g) Establish revenue generating institutions and utilize the revenue collected;

(h) To reveal truth, advance knowledge, conduct teaching-learning and disseminate research findings.

2) The University shall be accountable for the following issues:-

(a) To ensure that training, education, consultancy and research programs emanate from the national and regional policies and strategies;

(b) To provide priorities to government programs and are relevant to the national and regional situations;

(c) To ensure that any undertakings of the University shall be transparent and participatory;

(d) To ensure that the allocation and utilization of budget and resources are cost effective and accountable to the public;

(e) To ensure that training, teaching-learning, consultancy and research activities are institutionalized and transparent;

(f) To ensure that the University and staff members are evaluated with results commensurate with quality and relevance standard;

(g) Miseensii fi hooggansi Yunivarsiitichaa kamiyyuu hojii hojjatuuf dhunfaanis ta'ee gareedhaan qaama ol'aanaa itti waamamuuf itti gaafatamummaa kan qabu ta'uu isaa mirkaneessuu.

**10. Walitti Dhufeenya Ministeera Barnootaa Wajjin Qabu**

Bilisummaan Yunivarsiitichaa Dambii kanaan kennameef akkuma eegametti ta'ee, Yunivarsiitichi dhimmoota armaan gadii irratti Ministeera Barnootaa wajjin hariiroo hojii ni qabaata:

1) Barnoota qulqullinna qabuu fi sadarkaa biyyaalessaa madaalu kennuu fi Ministeera barnootaa wajjin wilitti dhiyeenyaan hojjachuu;
2) Ijaarsa dandeettii raawwachiisummaa Yunivarsiitichaa cimsuuf qindoominaan hojjachuu;
3) Hojiiwwan biroo kaayyoo guddina naannichaa fi biyyaalessaa galmaan gahuuf dandeessisan wajjin hojjachuu.

**11. Waljijjiirraa Odeeffannoo**

1) Sirna waljijjiirraa odeeffannoo qajeelfama Boordichaan bahu irratti hundaa'uun Yunivarsiitichi dhaabbilee mootummaa, miti-mootummaa fi dhaabbilee dhuunfaa wajjin waljijjiirraa odeeffannoo ni taasisa;
2) Yunivarsiitichi hojjataan, barataan, leenji'aan; akkasumas, qaamni biroo qorannoo fi qo'annoo gaggeessu odeeffannoo yookiin ragaa argachuuf gaaffii yoo dhiyeessu ragaa yookiin odeeffannoo kennuuf dirqama ni qaba;
3) Qorannoowwan xumuramanii fi barruuleen biroo qorannoo fi qo'annoon walqabatan barataa, qorataa, leenjifamaa fi fayyadamaa Yunivarsiitichaa hundaaf ifa ni ta'u.

(ሰ) ማንኛውም የዩኒቨርሲቲው አባልና አመራር ለሚሰራው ስራ በግልም ሆነ በጋራ ለሚጠራበት ለበላይ አካል ተጠያቂነት ያለው መሆኑን ማረጋገጥ።

**፲. ከትምህርት ሚኒስቴር ጋር የሚኖረው ግንኙነት**

በዚህ ደንብ የተሰጠው ነፃነት እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ዩኒቨረሲቲው ከሚከተሉት ጉዳዮች ላይ ከትምህርት ሚኒስቴር ጋር የስራ ግንኙነት ይኖሩታል፦

፩) ጥራት ያለውና ሀገራዊ ደረጃውን የጠበቀ ትምህርት መስጠትና ከትምህርት ሚኒስቴር ጋር በትብብር መስራት፤
፪) የዩኒቨርሲቲውን የማስፈፀም አቅም ለመገንባት በቅንጅት መስራት፤
፫) የክልሉንና ሀገራዊ እድገት አላማን ከግብ ለማድረስ የሚያስችሉ ሌሎች ስራዎችን በጋራ መስራት።

**፲፩. የመረጃ ልውውጥ**

፩) ቦርዱ በሚያወጣ መመሪያ መሠረት ዩኒቨርሲቲው ከመንግሥታዊ፤ መንግሥታዊ ካልሆኑና ከግል ተቋማት ጋር የመረጃ ልውውጥ ያደርጋል፤
፪) ዩኒቨርሲቲው ጥናትና ምርምር የሚያካሄድ ማንኛውንም ሰራተኛ፤ ተማሪ፤ ሠልጣኝ እንድሁም ሌሎች አካላት መረጃ ለማገኘት ጥያቄ ስያቀርቡ መረጃ ለመስጠት ግዴታ አለበት፤
፫) ከጥናትና ምርምር ጋር የተያያዙ የተጠናቀቁ ምርምሮችና ሌሎች ፅሁፎች ለሁሉም የዩኒቨርሲቲው ተማሪ፤ ተመራማሪ፤ ሠልጣኝና ተጠቃሚ ግልፅ ይሆናል።

(g) To ensure that any member and leadership of the University is accountable individually and collectively to their higher body.

**10. Cooperation with Ministry of Education**

Without prejudice to independence conferred to it by this Regulation, the University shall have the following cooperation with Ministry of Education:-

1) Act in collaboration with Ministry of Education to provide quality education that comply national standards and requirements;
2) Jointly work on human resource development of the University;
3) To carry out any other relevant activities that deems necessary for the successful achievement of both regional and national development goals.

**11. Information Exchange**

1) The University shall make an information exchange between the government, non-governmental and private institutions based on the internal direction issued by the Board;
2) The University has responsibility, up on request, to provide a worker, student; trainer as well as any other body who undertakes research the information to have access thereto;
3) Researches and study documents shall be made available to all students, researchers; trainers and other beneficiaries of the University.

## Kutaa Sadii

## Qaamolee Hooggansaa fi Gorsaa Yunivarsiitichaa

**12. Qaamolee Hooggansaa fi Gorsaa Yuunivarsiitichaa**

Yunivarsiitichi qaamolee hooggansaa fi gorsaa armaan gadii ni qabaata:

1) Boordii;
2) Pirezidaantii;
3) Seneetii;
4) Gumii Bulchiinsaa;
5) Gumii Yunivarsiitii;
6) Qaamota biroo akkaataa barbaachisummaa isaatti seera keessaa Yunivarsiitichaatiin murtaa'an.

**13. Hundeeffama Boordii**

1) Boordiin Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa kana boodaa "Boordii" jedhamee waamamu Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Boordichaa Pirezidaantii Naannichaatiif ta'a.

**14. Miseensota Boordichaa**

1) Boordichi walitti qabaa dabalatee miseensoota sagal kan Pirezidaantii Naannichaatiin moggaafaman ni qabaata.
2) Boordichi barreessaa sagalee malee hirmaatu kan Pirezidaantiin ramadamu ni qabaata.

**15. Aangoo fi Hojii Boordichaa**

Boordichi aangoo fi hojii armaan gadii ni qabaata:

1) Kaayyoo fi faayidaa Yunivarsiitichaa ni eegsisa;
2) Kaadhimamaa Pireezidaantii Yunivarsiitichaa filatee muudamaaf ni dhiyeessa;
3) Kaadhimamtoota Itti Aantota Pirezidaantii, Pirezidaantii Yunivarsiitichaatiin dhiyaatan ni muuda;
4) Qajeelfama leenjii, barnoota, qorannoo fi qo'annoo, gorsaa fi tajaajiloota biroo kennuuf dandeessisan ni baasa;

## ክፍል ሦስት

## የዩኒቨርሲቲው አመራርና አማካሪ አካላት

**፲፪. የዩኒቨርሲቲው አመራርና አማካሪ አካላት**

ዩኒቨርሲቲው የሚከተሉት አመራርና አማካሪ አካላት ይኖሩታል፦

፩) ቦርድ፤
፪) ፕሬዝዳንት፤
፫) ሴኔት፤
፬) የአስተዳደር ካውንስል፤
፭) የዩኒቨርሲቲው ካውንስል፤
፮) እንደ አስፈላጊነቱ በዩኒቨርሲቲው የውስጥ ደንብ መሰረት የተወሰኑ ሌሎች አካላት።

**፲፫. የቦርድ መቋቋም**

፩) የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ ቦርድ ከዚህ በኋላ "ቦርድ" ተብሎ ሚጠራ በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።
፪) ቦርዱ ተጠሪነቱ ለክልሉ ፕሬዝዳንት ይሆናል።

**፲፬. የቦርዱ አባላት**

፩) ቦርዱ ሰብሳቢውን ጨምሮ በክልሉ ፕሬዚዳንት የሚሾሙ ዘጠኝ አባላት ይኖሩታል።
፪) ቦርዱ በፕሬዚዳንቱ የሚመደብ ያለ ድምፅ የሚሳተፍ ፀሃፊ ይኖረዋል።

**፲፭. የቦርዱ ሥልጣንና ተግባር**

ቦርዱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፦

፩) የዩኒቨርሲቲውን ዓለማና ጥቅም ያስጠብቃል፤
፪) የየኒቨርሲቲውን ዕጩ ፕሬዝዳንት መርጦ ለሹመት ያቀርባል፤
፫) በዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት የሚቀርቡትን ምክትል ፕሬዝዳንቶች ይሾማል፤
፬) ሥልጠና፤ ትምህርት፤ ጥናትና ምርምር፤ ማማከርና የተለያዩ አገልግሎቶች ለመስጠት የሚያስችሉትን መመሪያ ያወጣል፤

## Part Three

## Governing and consultative Bodies of the University

**12. Governing and consultative Bodies of the University**

The University shall have the following governing and consultative Bodies:-

1) Board;
2) The President;
3) Senate;
4) Managing Council;
5) University Council;
6) Other organs which the University may establish as it deems necessary in accordance with its internal legislations.

**13. Establishment of the Board**

1) The oromia State University board is hereinafter referred as "Board" is established by this Regulation;
2) The Board shall be accountable to the President of the Regional State.

**14. The Board Members**

1) The Board shall have 9 members, including the chairperson who shall be appointed by the President of the regional state.
2) The Board shall have a secretary without vote, who shall be appointed by the President of the University.

**15. Power and Duties of the Board**

The Board shall have the following power and duties:

1) Shall safeguard objectives and interests of the University;
2) Propose candidate of the University President to be appointed by the President of the Regional State;
3) Approve the appointments of Vice Presidents nominated by the President of the University.
4) Issue the general guidelines regarding its provision of training, education, research, consultancy and other services delivered by the University;

5) Qabeenyi humna namaa fi meeshaalee, akkasumas, maddoonni galiiwwan Yunivarsiitichaa haala imaammata mootummaatiin faayidaa Yunivarsiitichaatiif ooluu isaanii ni too'ata;
6) Gurmaa'inaa fi caasaa Yunivarsiitichaa ni murteessa;
7) Gulantaa pirofeesarummaa ni mirkaneessa;
8) Madda galiiwwanii Yunivarsiitichaa ilaalchisee qajeelfama waliigalaa ni baasa;
9) Bu'uura seera roggummaa qabuun Oditaroota alaa ni moggaasa; kaffaltii isaaniif raawwatamuu qabu haala seeraatiin ni murteessa;
10) Adeemsi murtii Yunivarsiitichaa dimokiraatawaa fi hirmaachisaa ta'uu isaa ni mirkaneessa;
11) Moggaafamaa fi sadarkaa ol'aanaa hojjattoota Yunvarsiitichaaf kennamu bu'uura Dambii Ittiin Bulmaata Keessaa Yunivarsiitichaatiin ni raggaasisa;
12) Faayidaalee fi kaffaltiiwwan ogeessotaa fi hojjattootaa adda addaa ni mirkaneessa;
13) Karooraa fi gabaasa tarsiimawaa fi kan waggaa ni mirkaneessa;
14) Karooraa fi Baajata Yuunivarsiitchaa ilaalee ni mirkaneessa; raawwii isaas ni too'ata;
15) Kaaffaltiiwwan Yunivarsiitichi kaffalchiisu qajeelfama mootummaan baasu irratti hundaa'ee ni murteessa;
16) Yunivarsiiticha ilaalchisee murtii qaamni Yunivarsiitichaa yookiin Pirezidaantichi kennu irratti iyyannoowwan dhiyaatan qoratee murtii ni kenna;
17) Waliigaltee akkaadaamii Yunivarsiitichi dhaabbilee barnootaa biyya keessaa fi biyyaa alaa wajjin taasisu qoratee ni mirkaneessa;
18) Hojiiwwan biroo kaayyoo Yunivarsiitichaa galmaan gahuuf gargaaran ni raawwata.

፭) የዩኒቨርሲቲው የሰው ኃይል ሀብትና እቃዎች፤ እንዲሁም የገቢ ዎች ምንጮች በመንግሥት ፖሊሲ መሠረት ለዩኒቨርሲቲው ጥቅም መዋላቸውን ይቆጣጠራል፤
፮) የዩኒቨርሲቲውን አደረጃጀትና መዋቅር ይወስናል፤
፯) የፕሮፌሰርነት ማዕረግ ያፀድቃል፤
፰) የዩኒቨርሲቲውን የገቢ ዎች ምንጭ በተመለከተ አጠቃላይ መመሪያ ያወጣል፤
፱) አግባብ ባለው ሕግ መሠረት የውጪ ኦዲተሮችን ይሰይማል፤ ሊከናወንላቸው የሚገባውን ክፍያ በሕግ መሠረት ይወስናል፤
፲) የዩኒቨርሲቲው ውሳኔ አሰጣጥ ሂደት ዲሞክራሲያዊና አሳታፊ መሆኑን ያረጋግጣል፤
፲፩) ለዩኒቨርሲቲው ሠራተኞች የሚሰጡ ከፍተኛ መጠሪያዎችንና ደረጃዎችን በዩኒቨርሲቲው የውስጥ መተዳደሪያ ደንብ መሠረት ያፀድቃል፤
፲፪) የተለያዩ የባለሙያዎችና ሰራተኞች ጥቅማ-ጥቅሞችና ክፍያዎችን ያፀድቃል፤
፲፫) ስትራቴጂያዊና ዓመታዊ እቅድ እና ሪፖርት ያፀድቃል፤
፲፬) የዩኒቨርሲቲውን እቅድና በጀት ያፀድቃል፤ አፈፃፀሙንም ይቆጣጠራል፤
፲፭) መንግሥት በሚያወጣው መመሪያ ላይ ተመስረቶ ዩኒቨርስቲው የሚያስከፍለውን ክፍያዎች ይወስናል፤
፲፮) ዩኒቨረሲቲውን በተመለከተ የዩኒቨርሲቲው አካል ወይም ፕሬዚዳንቱ በሚሰጠው ውሳኔ ላይ የሚቀርቡ አቤቱታዎችን መርምሮ ውሳኔ ይሰጣል፤
፲፯) ዩኒቨረሲቲው ከሀገር ውሰጥ ወይም ውጭ ሀገር ከፍተኛ የትምህርት ተቋማት ጋር የሚያደረገውን የአካዳሚክ ስምምነትን መርምሮ ያፀድቃል፤
፲፰) የዩኒቨርሲቲውን ዓላማ ከግብ ለማድረስ የሚረዱ ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

5) Control the administration of human resource, material and resources of revenue of the University in such a manner and for such purpose consistent with government policies;
6) Determine the structure and organization of the University;
7) Confer the rank of full Professorship;
8) Issue general guideline with regard to the University's sources of revenue;
9) Designate external auditors and determine their fees in accordance with the relevant laws;
10) Approve that the University's decision making process is democratic and participation;
11) Approve the highest titles and ranks to the workers in accordance with the bylaw of the University;
12) Approve benefits and payments of professionals and employees;
13) Approve the strategic and annual plan and report;
14) Approve plan and budget of the University, and control its performance;
15) Without prejudice to the pertinent financial laws the government, determine fees collected by the University;
16) Shall see make decision up on appeal, cases entertained and decided by the University or the President;
17) Approve academic partnership made by the University with internal and external higher education institutions;
18) Implement other activities conducive to the attainment of objectives of the University.

## 16. Sirna Walgahii Boordichaa

1) Boordichi kurmaanatti yeroo tokko walgahii idilee kan qabaatu ta'ee, barbaachisaa ta'ee yoo argame walitti qabaan Boordichaa walgahii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2) Miseensota Boordichaa keessaa harki 2/3'n yoo argaman walgahiin guutuu ta'a.
3) Murtiin kan darbu miseensota argaman keessaa sagalee caalmaatiin ta'ee sagaleen walqixa yoo ta'e yaadni walitti qabaan deeggarame murtii Boordichaa ta'a.
4) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1-3 tti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, Boordichi hojimaata sirna walgahii mataa isaa baafachuu ni danda'a.

## 17. Seneetii Yunivarsiitichaa

1) Seneetiin Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaa Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Seneetichi Boordii Yunivarsiitichaaf kan itti waamamu taa'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Pirezidaantii Yunivarsiitichaa ------ Walitti Qabaa;
   (b) Itti Aantota Pirezidaantii ---------- Miseensa;
   (c) Itti Gaafatamaa Sagantaa Akkaadaamikii ---------- Miseensa;
   (d) Daayireektaroota Manneen Barnootaa fi Inistiitiyuutotaa ---------------- Miseensa;
   (e) Bakka bu'oota Hojjattoota Akkaadaamikii nama lama -------- Miseensa;
   (f) Bakka Bu'oota barattootaa nama lama tokko dubartii ------------ Miseensa;
   (g) Bakka bu'aa koornayaa Yunivarsiitichaa ------- Miseensa;
   h) Itti Aanaa Pirezidantii Akkaadaamikii --------------------- Miseensaa fi Barreessaa;
   (i) Akka barbaachisummaa isaatti namoota biroo Boordiin moggaafaman --- Miseensa.

## ፲፮. የቦርዱ የስብሰባ ስነ ስርዓት

፩) ቦርዱ በየሦስት ወሩ መደበኛ ስብሰባ የሚኖረው ሆኖ፤ አስፈላጊ ሆኖ ከተገኘ የቦርዱ ሰብሳቢ አስቸኳይ ስብሰባ ሊጠራ ይችላል፤
፪) ከቦርዱ አባላት ውስጥ ፪/፫ ከተገኙ ስብሰባው ሙሉ ይሆናል፤
፫) ውሳኔ የሚተላለፈው ከተገኙት አባላት ውስጥ በአብላጫ ድምፅ ሆኖ፤ ድምፅ እኩል ከሆነ በሰብሳቢው የተደገፈ ሃሳብ የቦርዱ ውሳኔ ይሆናል፤
፬) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ከ፩-፫ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ቦርዱ የራሱን የስብሰባ ስነ ስርዓት ሊያወጣ ይችላል፤

## ፲፯. የዩኒቨርሲቲው ሴኔት

፩) የኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ ሴኔት በዚህ ደንብ ተቋቁሟል።
፪) የሴኔቱ ተጠሪነት ለዩኒቨርሲቲው ቦርድ ሆኖ፤ የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፤
   (ሀ) የዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት ….. ሰብሳቢ
   (ለ) ምክትል ፕሬዝዳንቶች............ አባል
   (ሐ) የአካዳሚክ ፕሮግራም ኃላፊ ……….. አባል
   (መ) የትምህርት ቤቶችና ኢንስቲትዩቶች ዳይሬክተሮች …………… አባል
   (ሠ) የአካዳሚክ ሰራተኛ ተወካይ ፪ ሰው ……………... አባል
   (ረ) ሁለት የተማሪዎች ተወካዮች ፩ ሴት.......... አባል
   (ሰ) የዩኒቨርሲቲው የስርዓተ ፆታ ተወካይ…………. አባል
   (ሸ) የአካዳሚክ ምክትል ፕሬዝዳንት ............. ፀሐፊና አባል
   (ቀ) እንደ አስፈላጊነቱ በቦርድ የሚሰየሙ ሌሎች ሰዎች ……………. አባል

## 16. Meeting Procedure of the Board

1) The Board shall have meeting on a quarterly basis; however, the chairman of the Board may summon an emergency meeting whenever it deems necessary;
2) The presence of 2/3 of the members at the meeting constitutes a quorum;
3) Decisions of the Board shall be passed by the majority vote; in case of equal vote the Chairman shall have a casting vote;
4) Notwithstanding the provisions of this article of sub-article 1-3, the Board may adopt its own meeting procedures.

## 17. The University Senate

1) The Senate of Oromia State University is hereby established by this regulation;
2) The Senate shall be accountable to the Board of the University; and shall have the following members:
   (a) President of the University…….. chairperson;
   (b) Vice Presidents......member;
   (c) Head of Academic Program…..member;
   (d) Directors of the Schools and Institutes…........member;
   (e) Representatives of Academic staffs 2................member;
   (f) Two Student Representatives 1 female …..member;
   (g) Representative of Gender Affairs…………....member;
   (h) Vice President for Academic ….secretary and member;
   (i) Other persons to be assigned by the Board as it deems necessary………… member.

## 18. Aangoo fi Hojii Seneetichaa

Seneetichi aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

1) Qajeelfamoota waliigalaa Boordichaan bahan hojiirra ni oolcha;
2) Ulaagaalee simannaa barattootaa, sadarkaa barnootaa, dhimmoota naamusaa fi eebba barattootaa ni murteessa;
3) Haala simannaa barattootaa, istaandardii barnootaa, eebba barattootaa, kenniinsa qormaataa fi sadarkaa isaa; akkasumas, kallattii fuulduraa ni murteessa;
4) Qajeelfamoota Boordichaan bahan bu'uura godhachuun keessumattuu, bulchiinsa barattootaa, dhimmoota baruu fi barsiisuu, haala filannoo itti gaafatamtoota barnootaa, qaxarrii, guddina, faayidaalee, naamusa, mindaa hojjattoota akkaadaamikii ilaalchisee qajeelfama ni baasa;
5) Gulantaan Pirofeesarummaa guutuun akka kennamu Boordiif yaada ni dhiyeessa;
6) Deeggaraa Pirofeesaraa fi Gargaaraa Pirofeesaraatiif gulantaa ni kenna;
7) Qaxarrii hojjattoota akkaadaamii qorachuun ni mirkaneessa;
8) Adeemsa walgahii seneetichaa ni murteessa;
9) Barbaachisaa yoo ta'e walgahiin ariifachiisaan Pirezidaantichaan waamamu akkuma eeggametti ta'ee, yoo xiqqaate kurmaanatti yeroo tokko walgahii idilee ni gaggeessa;
10) Akkaataa barbaachisummaa isaatti hojiiwwan isaa qoodee qaamota Yunivarsiitichaa birootiif, koree dhaabbataa yookiin yeroof hundeeffamuuf dabarsee kennuu ni danda'a;
11) Hojiiwwan biroo Boordichaan itti kennaman ni raawwata.

## ፲፰. የሴኔቱ ሥልጣንና ተግባር

ሴኔቱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባር ይኖሩታል፡-

፩) በቦርዱ የሚወጡ አጠቃላይ መመሪያዎችን ይተገብራል፤
፪) የተማሪዎች ቅበላ፤ የትምህርት ደረጃ፤ የስነ-ምግባር ጉዳዮችና የተማሪዎች ምረቃ መስፈርቶችን ይወስናል፤
፫) የተማሪዎች ቅበላ ሁኔታ፤ የትምህርት ስታንዳርድ፤ የተማሪዎች ምረቃ፤ የፈተና አሰጣጥና ደረጃውን፤ እንድሁም የወደ ፊት አቅጣጫን ይወስናል፤
፬) በቦርዱ የሚወጡ መመሪያዎችን መሠረት በማድረግ፤ በተለይ የተማሪዎች አስተዳደር፤ የመማር-ማስተማር ጉዳዮች፤ የትምህርት ኃላፊዎች የምርጫ ሁኔታ፤ ቅጥር፤ እድገት፤ ጥቅማ-ጥቅሞች፤ ስነ-ምግባር፤ የአካዳሚክ ሠራተኞች ደመወዝን በተመለከተ መመሪያ ያወጣል፤
፭) የሙሉ ፕሮፌሰሪነት ማዕረግ እንዲሰጥ ለቦርዱ ሃሳብ ያቀርባል፤
፮) የረዳትና ተባባሪ ፕሮፎሰርነት ማዕረግ ይሰጣል፤
፯) የአካዳሚክ ሠራተኞችን ቅጥር በመመርመር ያፀድቃል፤
፰) የሴኔቱን የስብሰባ ስነ-ሥርዓት ይወስናል፤
፱) በፕሬዝዳንቱ የሚጠራ አስቸኳይ ስብሰባ እንደተጠበቀ ሆኖ፤ አስፈላጊ ከሆነ ቢያንስ በየሩብ ዓመቱ ፩ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ያካሄዳል፤
፲) እንደ አስፈላጊነቱ ተግባሮቹን ለሌሎች የዩኒቨርሲቲው አካላት፤ ለቋሚ ወይም ጊዜያዊ ለሚቋቋመው ኮሚቴ ማስተላለፍ ይችላል፤
፲፩) በቦርዱ የሚሰጡትን ሌሎች ተግባሮች ያከናውናል።

## 18. Power and Duties of the Senate

The Senate shall have the following power and duties:-

1) Implement directives issued by the Board;
2) Determine the criteria for admission of students'; education level; disciplinary matters and graduation of students;
3) Determine the procedure of admission of students, education standards; graduation of students'; conducting examination and its level and regulate same;
4) Shall provide directive on the bases of directives drown up by the Board; particularly on students' administration, academic matters, procedure for selection of department heads, employment, promotion, benefits, discipline and salary of academic staffs;
5) Propose academic promotion of professorship to the Board;
6) Approve academic promotion of associate and assistant professorship;
7) Examine and approve the employment of academic staffs of the University,
8) Determine the meeting procedure of the senate;
9) Without prejudice to the subject of emergency meeting called by the President, the Senate may have a meeting in each quarter;
10) Can delegate its duties to other University's bodies; permanent or temporary established committees;
11) Shall perform other activities assigned to it by the Board.

**19. Gumii Bulchiinsaa Yunivarsiitii**

1) Gumiin Bulchiinsaa Yunivarsiitichaa Dambii kanaan hundeeffamee jira.
2) Itti waamamni Gumii Bulchiinsaa Yunivarsiitichaa Pirezidaantiif ta'ee, miseensota armaan gadii ni qabaata:
   (a) Pirezidaantii Yunivarsiitichaa ------------ Walitti Qabaa;
   (b) Itti Aantota Pirezidaantii ------- Miseensa;
   (c) Itti gaafatamtoota dhimma barattoota Yunivarsitichaa ------ Miseensa;
   (d) Itti gaafatamtoota rogummaa qabanii fi Pirezidaantiin filataman --------- Miseensa.

**20. Aangoo fi Hojii Gumii Bulchiinsaa Yunivarsiitichaa**

Aangoo fi hojiiwwan Seneetii Yunivarsiitichaatiin kennamaniif akkuma eeggametti ta'ee, Gumiin bulchiinsaa Yunivarsiitichaa dhimmoota armaan gadii irratti aangoo ni qabaata:

1) Dhimmoota tarsiimawaa fi dhimmoota biroo Pirezidaantiin waliin ilaaluu barbaachisa jedhee amanu irratti Pirezidaantii ni gorsa;
2) Hojiiwwan waliigalaa Yunivarsiitichaa ni hordofa; ni qindeessa; ni gamaaggama;
3) Gumiin bulchiinsaa yoo xiqqaate ji'atti yeroo lama walgahii idilee ni gaggeessa.

**21. Gumii Yunivarsiitii**

Gumiin Yunivarsiitii miseensota armaan gadii of keessatti ni qabaata:

1) Pirezidaantii Yunivarsiitichaa ----Walitti Qabaa;
2) Itti Aantota Pirezidaantii ----------- Miseensa;
3) Koree dhaabbii seneetii -------- Miseensa;
4) Daayireektaroota ----- Miseensa;
5) Qindeessaa sagantaa Akkaadaamii ------------ Miseensa;
6) Qindeessitoota Muummeewwan Barnootaa ----------- Miseensa;
7) Bakka Bu'aa Barsiisotaa ------------------------ Miseensa;
8) Bakka Bu'aa Barattootaa ------------------------- Miseensa.

**፲፱. የዩኒቨርሲቲ አስተዳደር ካውንስል**

፩) የዩኒቨርሲቲው አስተዳደር ካውንስል በዚህ ደንብ ተቋቁሟል፡፡
፪) የዩኒቨርሲቲው አስተዳደር ካውንስል ተጠሪነቱ ለፕሬዝዳንት ሆኖ፤ የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-
   (ሀ) የዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት …… ሰብሳቢ
   (ለ) ምክትል ፕሬዝዳንቶች............ አባል
   (ሐ) የዩኒቨርሲቲው የተማሪዎች ጉዳይ ሐላፊዎች ................ አባል
   (መ) አግባብነት ያላቸዉና በፕሬዝዳንት የተመረጡ ኀላፊዎች .... አባል

**፳. የዩኒቨርሲቲው የአስተዳደር ካውንስል ሥልጣንና ተግባር**

በዩኒቨርሲቲው ሴኔት የተሰጡት ሥልጣንና ተግባራት እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የዩኒቨርሲቲው አስተዳደር ካውንስል የሚከተሉት ጉዳዮች ላይ ሥልጣን ይኖሩታል፡-

፩) ስትራቴጂካዊ ጉዳዮችና ሌሎች ጉዳዮችን ከፕሬዝዳንት ጋር ማየት ያስፈልጋል ብሎ በሚያምን ላይ ፕሬዝዳንትን ያማክራል፤
፪) የዩኒቨርሲቲውን አጠቃላይ ሥራ ይከታተላል፤ ያቀናጃል፤ ይገመግማል፤
፫) የአስተዳደር ካውንስል ቢያንስ በወር ፪ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ያካሄዳል፡፡

**፳፩. የዩኒቨርሲቲ ካውንስል**

የዩኒቨርሲቲ ካውንስል የሚከተሉት አባላት ይኖሩታል፡-

፩) የዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት........ ሰብሳቢ
፪) ምክትል ፕሬዝዳንቶች ............ አባል
፫) የሴኔት ቋሚ ኮሚቴ ................አባል
፬) ዳይሬክተሮች ........................ አባል
፭) የአካዳሚክ ፕሮግራም አስተባባሪ .......... አባል
፮) የትምህርት ክፍል አስተባባሪዎች..... አባል
፯) የመምህራን ተወካይ ............... አባል
፰) የተማሪዎች ተወካይ................ አባል

**19. Managing Council of the University**

1) The Managing Council of the University has been established by this regulation.
2) The Managing Council of the University shall be accountable to the President; and Shall have the following members:-
   (a) The President of the University ……..…..chairperson;
   (b) Vice Presidents of the University ……….members;
   (c) Head of the Students' Affairs …….members;
   (d) Other appropriate members to be assigned by the President......members.

**20. Power and Duties of the Managing Council of the University**

Without prejudice to the power and duties assigned to it by the University Senate, the Managing Council shall have the following power and duties:-

1) Consult the President on strategic and other matters which demand collective decisions;
2) Control, organize and evaluate the whole activities of the University;
3) The Managing Council shall have at least two regular meeting within a month.

**21. The University Council**

The University Council shall have the following members:-

1) President of the University……....… chairperson;
2) Vice Presidents of the University.... member;
3) Permanent Committee of the Senate…..member;
4) Directors ………......member;
5) Academic Program Coordinator…......…member;
6) Department Heads………… member;
7) Teachers' Representative…… member;
8) Students' Representative……. member.

**22. Aangoo fi Hojii Gumii Yunivarsiitii**

Aangoo fi hojiiwwan Seneetii Yunivarsiitichaatiin kennamaniif akkuma eegametti ta'ee, Gumiin Yunivarsiitii dhimmoota armaan gadii irratti angoo ni qabaata:

1) Dhimmoota wixinee baajataa, karooraa, caasaa fi qajeelfamoota, sagantaalee akkaadaamikii, waliigaltee walta'iinsaa, cufamuu, qoodamuu fi makamuu kutaalee barnootaa fi raawwii Yunivarsiitichaa irratti yaada isaa ni kenna; Pirezidaantii Yunivarsiitichaa ni gorsa;
2) Hojiiwwan biroo Boordii yookiin Pirezidaantii Yunivarsiitichaatiin murtaa'u irratti yaadaa fi gorsa isaa Pirezidaantiif ni dhiyeessa;
3) Gumiin Yunivarsitii yoo xiqqaate ji'a jahatti yeroo tokko walgahii idilee ni gaggeessa.

**23. Muudamaa fi Itti Waamama Pirezidaantii fi Itti Aantota Pirezidaantii**

1) Pireezidaantiin Yunivarsiitichaa Boordiin dhiyaatee Pirezidaantii Naannichaatiin kan muudamu ta'a;
2) Namni kaadhimamaa Pirezidaantii Yunivarsiitichaa ta'ee dhiyaatu qophii barnootaa gahaa, dandeettii gaggeessummaa fi gahumsa bulchiinsaa akkasumas, naamusa gaarii qabaachuun isaa kan mirkanaa'e ta'uu qaba;
3) Yuunivarsiitichi Itti Aantota Pirezidaantii sadii kan qabu ta'ee Pirezidaantiin dhiyaatanii Boordiin kan muudaman ta'u;
4) Itti waamamni Pirezidaantii Yunivaristichaa Boordiif, Itti aantotni Pirezidaantotaa Pirezidaantii Yunivaristichaatiif ta'a.

**24. Aangoo fi Hojii Pirezidaantichaa**

Pirezidaantichi aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

1) Hojii Yunivarsiitichaa ol'aantummaan ni gaggeessa; ni bulcha; ni too'ata;

**፳፪. የዩኒቨርሲቲ ካውንስል ሥልጣንና ተግባር**

በዩኒቨርሲቲው ሴኔት የተሰጡት ተግባራት እንደተጠበቁ ሆነው፤ የዩኒቨርሲቲ ካውንስል የሚከተሉት ጉዳዮች ላይ ሥልጣን ይኖረዋል፡-

፩) በዩኒቨርሲቲው በጀት ረቂቅ፤ እቅድ፤ መዋቅርና መመሪያዎች፤ የአካዳሚክ ፕሮግራሞች፤ የመግባቢያ ስምምነቶች፤ የትምህርት ክፍሎች መዘጋት፤ መከፋፈልና መታጠፍ፤ በዩኒቨርሲቲው አፈፃጸም ጉዳዮች ላይ ሐሳቡን ይሰጣል፤ የዩኒቨርሲቲውን ፕሬዚዳንት ያማክራል፤
፪) በቦርዱ ወይም በዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት የሚወሰነው ሌሎች ስራዎች ላይ የራሱን ሐሳብና ምክር ለፕሬዚዳንቱ ያቀርባል፤
፫) የዩኒቨርሲቲው ካውንስል ቢያንስ በ፮ ወር ፩ ጊዜ መደበኛ ስብሰባ ያካሄዳል፡፡

**፳፫. የፕሬዝዳንት እና ምክትል ፕሬዝዳንቶች ሹመትና ተጠሪነት**

፩) የዩኒቨርሲቲው ፕሬዚዳንት በቦርድ ቀርቦ በክልሉ ፕሬዝዳንት የሚሾም ይሆናል፤
፪) የዩኒቨርሲቲው እጩ ፕሬዝዳንት ሆኖ የሚቀርብ ሰው በቂ የትምህርት ዝግጅት፤ የአመራር ክህሎትና የአስተዳደር ብቃት እንዲሁም መልካም ስነ-ምግባር መኖሩ የተረጋገጠ መሆን አለበት፤
፫) ዩኒቨርሲቲው ሦስት ምክትል ፕሬዝዳንቶች ያለው ሲሆን በፕሬዝዳንቱ ቀርቦ በቦርድ የሚሾሙ ይሆናሉ፤
፬) የዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት ተጠሪነት ለቦርድ፤ የምክትል ፕሬዝዳንቶች ለዩኒቨርሲቲው ፕሬዝዳንት ይሆናል፡፡

**፳፬. የፕሬዝዳንቱ ሥልጣንና ተግባር**

ፕሬዝዳንቱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-

፩) የዩኒቨርሲቲውን ሥራ በበላይነት ይመራል፤ ያስተዳድራል፤ ይቆጣጠራል፤

**22. Power and Duties of the University Council**

Without prejudice to the power and duties assigned to it by the University Senate, the University Council shall have the following power and duties:-

1) Consult the President and assist it's idea with regard to draft of budget, plan, structure and directive, academic program, partnerships agreement, closing, separating and merging of field of studies;
2) Consult and assist the President on the other matters to be determined by the Board or the President;
3) The University Council shall have at least one regular meeting within six months.

**23. Appointment and Accountability of the President and Vice-Presidents**

1) Up on recommendation of the Board, the University President shall be appointed by the President of the Regional State;
2) The candidate of President of the University shall have commendable education, leadership and managerial ability as well as ethics;
3) There shall be three Vice Presidents of the University who are appointed by the Board up on recommendation of the President;
4) The President shall be accountable to the Board; and the Vice-Presidents of the University shall be accountable to the President.

**24. Power and Duties of the President**

The President shall have the following power and duties:-

1) Chiefly manage; administer; and control activities of the University;

2) Murtiiwwanii fi kallattiiwwan Boordii, seneetii fi Gumiiwwan Yunivarsiitichaatiin kennaman hojiirra ooluu isaanii ni hordofa;
3) Qajeelfama Boordiin baasu irratti hundaa'uun, hojjattoota Akkaadaamikii ni qaxara; ni bulcha;
4) Hojjattoota Bulchiinsaa Yunivarsiitichaa akkaataa qajeelfama hojjattoota mootummaatiin ni qaxara, ni bulcha;
5) Karooraa fi baajata waggaa Yunivarsiitichaa Boordiif ni dhiyeessa; yammuu murtaa'u hojiirra ni oolcha;
6) Waliigalteewwan maqaa Yunivarsiitichaatiin raawwataman kamiyyuu ni mallatteessa;
7) Maqaa Yunivarsiitichaatiin herrega baankii ni bana; ni sochoosa;
8) Walqunnamtii Yunivarsiitichi qaama sadaffaa waliin taasisu irratti Yuunivarsiiticha bakka ni bu'a;
9) Sochii hojii Yunivarsiitichaa ilaalchisee kurmaana kurmaanaan; akkasumas, waggaan Boordiidhaaf gabaasa ni dhiyeessa;
10) Hojiiwwan biroo Boordii fi Seneetiidhaan kennamaniif ni raawwata.

### 25. Aangoo fi Hojii Itti Aantota Pirezidaantii

1) It/Aa/Pirezidaantii Dhimmoota Rifoormii, Qorannoofi Qo'annoo fi Tajaajila Hawaasaa Itti aanichi aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:
   (a) Kutaalee isaaf itti waamaman ni hooggana; ni too'ata;
   (b) Hojiiwwan rifoormii, leenjii, qorannoo, qo'annoo fi tajaajila gorsaa ni karoorsa; ni hooggana; ol'aantummaan ni too'ata;
   (c) Yaada ka'umsaa qajeelfamootaa fi imaammattoota; akkasumas, kaarikulamii leenjii, qorannoofi qo'annoo fi gorsaa qorachiisee raggaasisuudhan ni hooggana; hojiirra oolmaa isaaniis ni hordofa;

፪) በዩኒቨርሲቲው ቦርድ፣ ሴኔት እና ካውንስል የተላለፉ ውሳኔዎችና አቅጣጫዎች መተግበራቸውን ይከታተላል፣
፫) ቦርድ በሚያወጣው መመሪያ ላይ በመመስረት የዩኒቨርሲቲውን የአካዳሚክ ሠራተኞች ይቀጥራል፣ ያስተዳድራል፣
፬) በመንግሥት ሠራተኞች መመሪያ መሰረት የዩኒቨርሲቲውን የአስተዳደር ሠራተኞች ይቀጥራል፣ ያስተዳድራል፣
፭) የዩኒቨርሲቲውን ዓመታዊ ዕቅድና በጀት ለቦርድ ያቀርባል፣ ሲፀድቅም ስራ ላይ ያውላል፣
፮) በዩኒቨርሲቲው ስም የሚደረጉ ማናቸውንም ስምምነቶች ይፈርማል፣
7) በዩኒቨርሲቲው ስም የባንክ ሒሳብ ይከፍታል፣ ያንቀሳቅሳል፣
፰) ዩኒቨርሲቲው ከሶስተኛ ወገን ጋር በሚያደርገው ግንኙነት ላይ ዩኒቨርሲቲውን ይወክላል፣
፱) የዩኒቨርሲቲውን የሥራ እንቅስቃሴ በተመለከተ በየ፫ ወሩ፣ እንዲሁም በአመት ለቦርድ ሪፖርት ያቀርባል፣
፲) በቦርድና በሴኔት የሚሰጡትን ሌሎች ተግባራትን ያከናውናል፡፡

### ፳፭. የምክትል ፕሬዝዳንቶች ሥልጣንና ተግባር

፩) የሪፎርም፣ ጥናትና ምርምር እና የማህበረሰብ አገልግሎት ጉዳዮች ምክትል ፕሬዝዳንት፣
   ምክትል ፕሬዝዳንቱ የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-
   (ሀ) ለእርሱ ተጠሪ የሆኑ የሥራ ክፍሎችን ይመራል፣ ይቆጣጠራል፣
   (ለ) የሪፎርም፣ ሥልጠና፣ ምርምር፣ ጥናትና ማማከር አገልግሎት ስራዎችን ያቅዳል፣ ይመራል፣ በበላይነት ይቆጣጠራል፣
   (ሐ) የመመሪያዎችና ፖሊሲዎች መነሻ ሐሳብ፣ እንዲሁም የሥልጠና ስርዓተ-ትምህርት፣ የጥናትና ምርምር እና ማማከርን አስጠንቶ በማፅደቅ ይመራል፣ ሥራ ላይ መዋላቸውንም ይከታተላል፣

2) Follow up the implementation of the decision of the University's Board, the Senate and the Councils;
3) Employ and administer the academic staffs of the University in accordance with the directives issued by the Board;
4) Employ and administer the administrative staffs of the University in accordance with civil service law;
5) Prepare and submit to the Board the annual plan and budget of the University; and implement same upon approval;
6) Shall sign any agreement entered on behalf of the University;
7) Open bank of accounts in the name of the University and run the same;
8) Represent the University in all its dealings with third parties;
9) Submit annual reports to the Board up on activities of the University in every three months and once in a year;
10) Perform other activities assigned to it by the Board and the Senate.

### 25. Power and Duties of the Vice-Presidents

1) Reform, Research and Community Service Vice-President
   The Vice-President shall have the following power and duties:-
   (a) Manage and control organs accountable to him;
   (b) Manage and chiefly control reform, training and research activities; and plan research and consultancy services;
   (c) Manage directives and policies as well to solicit and have it approved the undertaking of curriculum of training, research and consultancy services; and follow up the implementation of same;

(d) Milkaa'ina hojii kutichaatiif dhaabbilee biyya keessaa fi alaa wajjin hariiroo ni uuma; ni hooggana; ni hordofa;

(e) Raawwii hojii, fayyadamaa fi qooddii baajataa; akkasumas, sochiiwwan biroo ilaalchisee Pirezidaantichaaf gabaasa ni dhiyeessa;

(f) Hojiiwwan walfakkaatan biroo Boordichaan, Seneetichaa fi Pirezidaantichaan kennamaniif ni raawwata.

2) Itti Aanaan Pirezidaantii Akkaadaamii

Itti Aanaan Pirezidaantii Akkaadaamii aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

(a) Kutaalee isaaf itti waamaman ni hooggana; ni too'ata;

(b) Hojiiwwan wiirtuulee barnootaa kan akka manneen barnootaa, muummeewwan, dhaabbilee fi kutaalee barnoota fageenyaa fi itti fufiinsaa ni karoorsa; ni hooggana; ol'aantummaan ni too'ata;

(c) Mana kitaabaa Yunivarsiitichaa, Waajjira Rejistiraraa fi kutaalee biroo isa jala jiran ni hooggana; ol'aantummaan ni too'ata;

(d) Qunnamtii hojii fi deeggarsa biyya keessaa fi alaa ni barbaada; raawwii isaaniitis ni hordofa;

(e) Raawwii hojii, fayyadamaa fi qooddii baajataa; akkasumas, sochiiwwan biroo ilaalchisee Pirezidaantichaaf gabaasa ni dhiyeessa;

(f) Bakka Pirezidaantiin hin jirretti Pirezidaanticha bakka bu'ee hojii Yunivarsiitichaa ni qindeessa; ni qajeelcha;

(g) Hojiiwwan walfakkaatan biroo Boordichaan, Seneetichaa fi Pirezidaantichaan kennamaniif ni raawwata.

(መ) ለክፍሉ ሥራ ውጤታማነት ሲባል ከሀገር ውስጥና ከውጭ ሀገር ተቋማት ጋር ግንኙነት ያደርጋል፣ ይመራል፣ ይከታተላል፣

(ሠ) የሥራ አፈፃፀም፣ የበጀት ድልድልና አጠቃቀም፣ እንዲሁም ሌሎች እንቅስቃሴዎችን በተመለከተ ለፕሬዝዳንቱ ሪፖርት ያቀርባል፣

(ረ) በቦርዱ፣ በሴኔቱ እና በፕሬዝደንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ተመሳሳይ ተግባራትን ያከናውናል።

2) የአካዳሚክ ምክትል ፕሬዝዳንት

የአካዳሚክ ምክትል ፕሬዝዳንት የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፣

(ሀ) ለእርሱ ተጠሪ የሆኑ የሥራ ክፍሎችን ይመራል፣ ይቆጣጠራል፣

(ለ) የትምህርት ማዕከላት ሥራዎች እንደ ትምህርት ቤቶች፣ የትምህርት ክፍሎች፣ተቋማትና የርቀትና ተከታታይ ትምህርት ክፍሎችን ያቅዳል፣ ይመራል፣በበላይነት ይቆጣጠራል፣

(ሐ) የዩኒቨርሲቲውን ቤተ-መፅሐፍት፣ የሬጂስትራር ጽሕፈት ቤትና ሌሎች በስሩ ያሉት ክፍሎችን ይመራል፣ በበላይነት ይቆጣጠራል፣

(መ) የሥራ ግንኙነትና ድጋፍን ከሀገር ውጪና ውስጥ ይፈልጋል፣ አፈፃፀማቸውንም ይከታተላል፣

(ሠ) የሥራ አፈፃፀም፣ አጠቃቀምና የበጀት ድልድልን እንዲሁም ሌሎች እንቅስቃሴዎችን በተመለከተ ለፕሬዝዳንቱ ሪፖርት ያቀርባል፣

(ረ) ፕሬዝዳንት በሌለበት ቦታ ፕሬዝዳንቱን ወክሎ የዩኒቨርሲቲውን ሥራ ያስተባብራል፣ ይመራል፣

(ሰ) በቦርዱ፣ በሴኔቱ እና በፕሬዝዳንቱ የሚሰጡትን ሌሎች ተመሳሳይ ተግባሮችን ያከናውናል።

(d) Solicit relationships with national and international partnerships for the success of the institution; manage and follow up its implementation;

(e) Report on an activity performance, budget allocation and utilization, as well other activities to the President;

(f) Perform similar activities assigned to it by the Board; the Senate and the President.

2) The Academic Vice-President

The Academic Vice-President shall have the following power and duties:

(a) Manage and control organs accountable to him;

(b) Plan, manage and chiefly control academic centers activities; departments; institutes and distance and continuing education of the University;

(c) Manage and control the library, registrar office and other classes of the University which are accountable to it;

(d) Solicit relationships with national and international partnerships and support for the success of the institution; and follow up their implementation;

(e) Report on an activity performance, budget allocation and utilization, as well as other concerning activities to the President;

(f) Shall direct and coordinate activities of the University in the absence of the President on behalf of the President;

(g) Perform similar activities assigned to it by the Board; the Senate and the President.

3) Itti Aanaa Pirezidaantii Dhimmoota Bulchiinsaa fi Misoomaa
Itti Aanaan Pirezidaantichaa aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:
(a) Aangoo fi hojii Yunivarsiitichaa bulchiinsaan walqabatu irratti Pirezidaantichaaf gorsa ni kenna;
(b) Kutaalee hojii Yunivarsiitichaa isaaf itti waamamaa ta'an ni hooggana; ni too'ata;
(c) Hojiiwwan faasiliitii leenjii fi barnootaa, bulchiinsaa fi faayinaansii; akkasumas, madda galii fi misooma Yunivarsiitichaa haala tarsiimawaa ta'een ni karoorsa; ni hooggana; ni too'ata;
(d) Hojii misoomaa fi babal'ina Yunivarsiitichaa ni karoorsa; akkasumas, yaada daldalaa fi galii argamsiisan haaraa ni dhiyeessa; ni hooggana; ni too'ata;
(e) Raawwii waliigalteewwanii fi pirojektoota dhaabbilee birootiin walqabatan kan isa ilaallatan ni hooggana; ni too'ata;
(f) Murtiiwwanii fi kallattiiwwan Boordii, Seneetii fi Pirezidaantiin itti kennaman hojiirra ni oolcha;
(g) Dandeettii bulchiinsaa Yunivarsiitichaa fooyyessuuf dhaabbilee biyya keessaa fi alaa adda addaa wajjin hariiroo ni uuma; hojiirra oolmaa isaas ni hordofa;
(h) Gabaasa raawwii hojii, haala qooddii fi fayyadama baajataa; akkasumas, sochiiwwan biroo Pirezidaantichaaf ni dhiyeessa;
(i) Hojiiwwan walfakkaatan biroo Boordii, Seneetii fi Pirezidaantiin kennamaniif ni raawwata.

፫) የአስተዳደርና ልማት ጉዳዮች ምክትል ፕሬዝዳንት
የአስተዳደርና ልማት ጉዳዩች ምክትል ፕሬዝዳንት የሚከተሉት ሥልጣንና ተግባራት ይኖሩታል፡-
(ሀ) ከዩኒቨርሲቲው አስተዳደር ጋር የሚያያዙ ሥልጣንና ተግባር ላይ ፕሬዝዳንቱን ያማክራል፤
(ለ) ለእርሱ ተጠሪ የሆኑ የዩኒቨርሲቲው የሥራ ክፍሎችን ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤
(ሐ) የትምህርትና ሥልጠና ፋሲሊቲ፤ የአስተዳደርና ፋይናንስ ሥራዎችን፤ እንድሁም የዩኒቨርሲቲውን የገቢ ምንጭና ልማት ስትራቴጅካዊ በሆነ ሁኔታ ያቅዳል፤ ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤
(መ) የዩኒቨርሲቲውን ልማትና መስፋፋት ሥራ ያቅዳል፤ እንዲሁም ንግድና ገቢ የምያስገኙ አዳድስ ሐሳብን ያቀርባል፤ ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤
(ሠ) የሚመለከቱትን የስምምነቶች አፈፃፀምና ከሌሎች ተቋማት ጋር የሚያያዙትን ፕሮጀክቶች ይመራል፤ ይቆጣጠራል፤
(ረ) በቦርድ፤ ሴኔትና በፕሬዝዳንቱ የተሰጡትን ውሳኔዎችና አቅጣጫዎችን ተግባራዊ ያደርጋል፤
(ሰ) የዩኒቨርሲቲውን የማስተዳደር አቅም ለማሻሻል ከተለያዩ የሀገር ውስጥና ውጭ ሀገር ተቋማት ጋር አጋርነት ይፈጥራል፤ ስራ ላይ መዋሉን ይከታተላል
(ሸ) የሥራ አፈፃፀም፤ የበጀት ድሊድልና አጠቃቀም እንዲሁም ሌሎች የሥራ እንቅስቃሴዎችን በሚመለከት ለፕሬዝዳንቱ ሪፖርት ያቀርባል፤
(ቀ) በቦርድ፤ በሴኔትና በፕሬዝዳንት የሚሰጡትን ሌሎች ተመሳሳይ ተግባራትን ያከናውናል፡፡

3) Administrative and Development Affairs Vice-President
Administrative and Development Affairs Vice-President shall have the following power and duties:-
(a) Consult the President on the University's power and duties in related with administrative affairs;
(b) Manage and control the university's organs accountable to him;
(c) Plan and manage strategically training and education facilities; finance and administration, as well as revenue resources and development affairs of the University; and control implementation of same;
(d) Plan; manage and control the development and expansion of the University; as well as shall program new trade capital and revenue resources;
(e) Manage and control the implementation of agreements and projects related to its domain with other organizations;
(f) Implement the decisions and directives issued to it by the Board, Senate, and the President;
(g) Solicit relationships with national and international partnerships so as to enhance the administrative capacity of the University; and follow up its implementation;
(h) Report on an activity performance, budget allocation and utilization, as well as other concerning activities to the President;
(i) Perform other activities assigned to it by the Board; the Senate and the President.

**26. Qaamolee Yunivarsiitichaa Biroo**

Haalli hundeeffama, hojimaataa fi moggaasni qaamolee bulchiinsaa faakaltiiwwanii, manneen barnootaa, inistiitiyuutiiwwanii, giddugala leenjii, giddugala qorannoo fi qo'annoo Boordiichaan kan murtaa'u ta'a.

**27. Bilisummaa Qaamolee Adda Addaa Yunivarsiitichaa**

1) Tokkoon tokkoon manneen barnootaa, inistiitiyuutii fi muummeewwanii giddugala baajata mataa isaanii qabaachuu ni danda'u.
2) Tokkoon tokkoon manneen barnootaa, inistiitiyuutii fi muummeewwanii giddugala daataa yookiin rejistiraara mataa isaanii qabaachuu ni danda'u.
3) Giddugalli baajataa yookiin daataa tokko tokkoo isaaniitiin baajata mataa isaanii qopheessuu fi itti fayyadama baajataa fi qabeenyaa murteessuu ni danda'u; akkasumas, gabaasa ni qopheessu.

**28. Ulaagaalee Gaggeessumaaf Barbaachisan**

Namani gaggeessa qaama Yunivarsiitichaa kamiifuu kaadhimamuu fi muudamu ulaagaalee armaan gadii kan guutu ta'uu qaba:

1) Qophii barumsaa gahaa kan qabu;
2) Gahumsa bulchiinsaa fi gaggeessummaa kan qabu;
3) Akkaadaamikii, qorannoo fi qo'annoo yookiin tajaajila hawaasaa Yunivarsiitichaa keessatti hirmaannaa gahaa kan qabu;
4) Naamusa gaarii kan qabuu fi hojiileen isaas bu'aa kan argamsiisan ta'uu qaba;
5) Qajeeltowwan dimokiraasii raawwachuu fi lafa qabsiisuuf kaka'umsaa fi kutaannoo kan qabu.

**፳፮. የዩኒቨርሲቲው ሌሎች አካላት**

የዩኒቨርሲቲው ምስረታ፣ አሰራር፣ የአስተዳደር አካላት አሰያየም፣ ፋካሊቲዎች፣ ትምህርት ቤቶችና የምርምር ማዕከላት በዩኒቨርሲቲው ቦርድ የሚወሰን ይሆናል፡፡

**፳፯. የዩኒቨርሲቲው የተለያዩ አካላት ነፃነት**

፩) እያንዳንዱ ትምህርት ቤት፣ ኢንስቲትዩትና ማዕከላት የራሳቸው የበጀት ማዕከል ሊኖራቸው ይችላሉ፣
፪) እያንዳንዱ ትምህርት ቤት፣ ኢንስቲትዩትና ማዕከላት የራሳቸውን የዳታ ማዕከል ወይም ሬጂስትራር ሊኖራቸው ይችላሉ፣
፫) እያንዳንዳቸው የበጀት ወይም የዳታ ማዕከል የራሳቸውን በጀት ማዘጋጀትና የበጀትና ሀብት አጠቃቀም መወሰን ይችላሉ፣ እንዲሁም ሪፖርት ያዘጋጃሉ፡ ፡

**፳፰. ለአመራርነት የሚያስፈልጉ መስፈርቶች**

በዩኒቨርሲቲው በማንኛውም አስተዳደር ቦታ ላይ የሚታጭና የሚሾም ሰው የሚከተሉትን መስፈርቶች የሚያሟላ መሆን አለበት፡-

፩) በቂ የትምህርት ዝግጅት ያለው፣
፪) ብቁ የአመራርነትና የአስተዳደር ክህሎት ያለው፣
፫) በአካዳሚክ፣ ጥናትና ምርምር ወይም በዩኒቨርሲቲው የማህበረሰብ አገልግሎት ውስጥ ንቁ ተሳትፎ ያለው፣
፬) መልካም ስነ-ምግባር ያለውና ስራዎቹም ውጤታማ የሆኑ መሆን አለበት፣
፭) የዲሞክራሲ መርሆችን መፈጸምና መሬት ለማስያዝ ተነሳሽነትና ቆራጥነት ያለው፡፡

**26. Other Organs of the University**

The Board shall determine the establishment, structure and nomenclature of administrative organs and faculties, schools, institutions, training and research centers.

**27. Autonomy of Various Organs of the University**

1) Each school, institute and departments may have its own budget center;
2) Each school, institute and departments may have its own data center or registrar;
3) The budget or data centers of each organ may prepare their own budget, determine its budget and property utilization, and submit reports of same.

**28. Leadership Criteria**

Any candidate or appointee to a leadership position of the University shall have:-

1) Commendable academic qualification;
2) Competency of leadership and managerial skill;
3) Active participation in academic, research and community services;
4) Good manner and known for his meritorious activities; and,
5) Motivation and commitment to ensure good governance and democracy.

## Kutaa Afur
## Tumaalee Adda Addaa

**29. Madda Galii Yunivarsitichaa**

Maddi galii Yunivarsiitichaa kanneen armaan gadii irraa kan argamu ta'a:

1) Baajata Mootummaa Naannichaatiin ramadamu;
2) Kaffaltii tajaajila adda addaa Yunivarsiitichi kennu irraa,
3) Kennaa, gargaarsa yookiin fandii irraa;
4) Galii maddoota biroo irraa argamu.

**30. Itti Fayyadama Galii Keessaa**

Yunivarsiitichi galii keessaa walitti qabate hambisee itti fayyadamuu ni danda'a.

**31. Galmeewwan Herregaa**

1) Yunivarsiitichi sanadaa fi galmeewwan herregaa sirrii fi guutuu ta'e ni qabata.
2) Sanadni fi galmeewwan herregaa Mana Hojii Odiitara Muummichaatiin yookiin qaama aangoo qabuun yookiin odiitara Boordiin moggaasuun yeroon yeroon ni qoratama.
3) Gabaasni bu'aa odiitii Yunivarsiitichaa barri baajataa xumuramee ji'a jaha keessatti Boordiidhaaf ni dhiyaata.

**32. Afaan Hojii Yunivarsiitichaa**

1) Labsii Barnoota Ol'aanaa Lakk. 650/2001 jalatti afaan barnootaa Afaan Ingiliizii ta'uun kan tumame akkuma eegametti ta'ee, afaan hojii Yunivarsiitichaa Afaan Oromooti.
2) Keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti kan tumame akkuma eegametti ta'ee, qorannoo fi qo'annoon, leenjii fi gorsi afaan birootiin gaggeeffamuu ni danda'a.

## ክፍል አራት
## ልዩ ልዩ ድንጋጌዎች

**፳፱. የዩኒቨርሲቲው የገቢ ምንጭ**

የዩኒቨርሲቲው የገቢ ምንጭ ከሚከተሉት የሚገኝ ይሆናል፡-

፩) በክልሉ መንግሥት ከሚመደብለት በጀት፤
፪) ዩኒቨርሲቲው ከሚሰጣቸው ከተለያዩ የአገልግሎት ክፍያዎች፤
፫) ከስጦታ፤ ከእርዳታ ወይም ከፈንድ፤
፬) ከሌሎች ምንጮች በሚገኝ ገቢ፡፡

**፴. የውስጥ ገቢ አጠቃቀም**

ዩኒቨርሲቲው የሰበሰበውን የውሰጥ ገቢ አስቀርቶ ሊጠቀምበት ይችላል፡፡

**፴፩. የሂሳብ መዛግብት**

፩) ዩኒቨርሲቲው ሙሉና ትክክለኛ የሆነ የሂሳብ መዛግብት ይኖረዋል፤
፪) ሰነድና የሂሳብ መዛግብት በዋና ኦዲተር መስሪያ ቤት ወይም ስልጣን ባለው አካል ወይም ቦርድ በሚሰይመው ኦዲተር በየጊዜው ይመረመራል፤
፫) የዩኒቨርሲቲው የኦዲት ውጤት ሪፖርት የበጀት ዓመቱ በተጠናቀቀ ስድስት ወር ውስጥ ለቦርዱ ይቀርባል፡፡

**፴፪. የዩኒቨርሲቲው የሥራ ቋንቋ**

፩) በከፍተኛ ትምህርት አዋጅ ቁጥር ፮፻፶/፪ሺ፩ የማስተማሪያ ቋንቋ እንግሊዝኛ መሆኑ የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ የዩኒቨርሲቲው የስራ ቋንቋ አፋን ኦሮሞ ነው፤
፪) በዚህ አንቀፅ ንዑስ አንቀፅ ፩ ስር የተደነገገው እንደተጠበቀ ሆኖ፤ ጥናትና ምርምር፤ ሥልጠናና ማማከር በሌሎች ቋንቋ ሊካሄድ ይችላል፡፡

## Part Four
## Miscellaneous Provisions

**29. Budget Resources of the University**

The budget of the University shall be from:-

1) Budget to be allocated by the Regional Government;
2) Fees collected from service payments rendered by the University;
3) Donations, aids or funds;
4) Revenue from other resources.

**30. Utilization of Internal Revenue**

The University shall possess internal revenue collected in its account and utilize same.

**31. Books of Accounts**

1) The University shall have complete and accurate books of account and financial documents;
2) The books of account and financial documents of the University shall be audited by the Auditor General or by any authorized organs or by auditors to be designated by the Board;
3) The audit report shall be submitted to the Board within six months after the end of budget year.

**32. Language of instruction of the University**

1) Notwithstanding that English shall be Language of instruction under proclamation No. 650/2009; Afan Oromo shall be medium of instruction of the University;
2) Without prejudice to this Article sub article (1); researches, trainings and consultancy services may be conducted in any appropriate language.

**33. Aangoo Qajeelfama Baasuu**

Dambii kana hojiirra oolchuudhaaf Boordiin Qajeelfama baasuu ni danda'a.

**34. Darbiinsa Mirgaa fi Dirqamaa**

Mirgaa fi dirqamni Kolleejjii Paabliik Sarviisii Oromiyaa Dambiin kun bahuun dura qabu Dambii kanaan gara Yunivarsiitii Naannoo Oromiyaatti darbee jira.

**35. Seerota Raawwatiinsa Hin Qabne**

1) Dambiin Kolleejjii Paablik Sarviisii Oromiyaa Irra Deebiidhaan Hundeessuuf Bahe Lakk. 125/2002 Dambii kanaan haqamee jira.
2) Dambiin, qajeelfamnii fi barmaatileen Dambii kanaan wal-faallessan kamiyyuu dhimmoota Dambii kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

**36. Yeroo Dambichi Hojiirra Itti Oolu**

Dambiin kun Amajjii 25, bara 2009 irraa eegalee hojiirra kan oolu ta'a.

**Finfinnee**
**Amajjii 25, Bara 2009**
**Lammaa Magarsaa**
**Pirezidaantii Mootummaa Naannoo Oromiyaa**

**፴፫. መመሪያ የማውጣት ሥልጣን**

ይህንን ደንብ ሥራ ላይ ለማዋል ቦርድ መመሪያ ሊያወጣ ይችላል፡፡

**፴፬. የመብትና ግዴታ መተላለፍ**

የኦሮሚያ ፐብሊክ ሰርቪስ ኮሌጅ ይህ ደንብ ከመውጣቱ በፊት የነበረው መብትና ግዴታ በዚህ ደንብ ወደ ኦሮሚያ ስቴት ዩኒቨርሲቲ ተላልፏል፡፡

**፴፭. ተፈፃሚነት ስለማይኖራቸው ሕጎች**

፩) የኦሮሚያ ፐብሊክ ሰርቪስ ኮሌጅን እንደገና ለመቋቋም የወጣ ደንብ ቁጥር ፩፻፳፭/፪ሺ፪ በዚህ ደንብ ተሽሯል፤
፪) ከዚህ ደንብ ጋር የሚቃረኑ ማንኛውም ደንብ፤ መመሪያና ልማዳዊ አሰራሮች በዚህ ደንብ ውስጥ በተሸፈኑ ጉዳዮች ላይ ተፈጻሚነት አይኖራቸውም፡፡

**፴፮. ደንቡ ሥራ ላይ የሚውልበት ጊዜ**

ይህ ደንብ ከጥር ፳፭ ቀን ፪ሺ፱ ዓ.ም ጀምሮ ሥራ ላይ የሚውል ይሆናል፡፡

**ፊንፊኔ**
**ጥር ፳፭ ቀን ፪ሺ፱ ዓ.ም**
**ለማ መገርሳ**
**የኦሮሚያ ክልላዊ መንግሥት ፕሬዝዳንት**

**33. Power to Issue Directives**

To implement this Regulation, the Board may issue directives.

**34. Transfer of Rights and Resposibilities**

The Rights and responsibilities of Public Service College of Oromia before the issuance of this Regulation shall be hereby transferred to Oromia State University by this regulation.

**35. Inapplicable Laws**

1) Regulation No: 125/2010 issued to re-establish Public Service College of Oromia is repealed by this regulation.
2) Any regulation, directive or customary practices inconsistent with this Regulation shall be inapplicable to matters covered by this regulation.

**36. Effective Date**

This Regulation shall come into force as of February 3/2017.

**Finfine**
**February 3, 2017**
**Lema Megersa**
**The President of Oromia Regional State**

**©Waajjira Caffee Oromiyaatiin Kan Maxxanfame**
**በጨፌ ኦሮሚያ ጽ/ቤት የታተመ**
**Published by The Secretariat of " Caffee" Oromia**
**Amajjii 28 Bara 2010 / ጥር ፳፰ ቀን ፪ሺ፲ / February 5, 2018**